

Waamicha Walgahii ABO - Ummata Oromoo Minnesotaa fi naannawa isaa maraaf



HAYYU DUREE ABO J. DAWUD IBSA

Hayyu Dureen ABO J/Dawuud Ibsa dhimmoota addaa addaa ilaalchisee Qaamota mootumma fi Hawaasaa Adunyaa waliin sochii qabsoo bilisumma ummata Oromoo ABO dhaan geggeeffamu ibsuu dhaaf bobbaa godhuu dhaan baatilee lamaan kana U.S.A keessa jiru. HDn ABO beellamoota qamoota mootumma Ameriikaa kanneen biro waliin qabaata turan xumurachuu dhaan carraa kanaan Ummata Oromoo Amerika kaaba jiru waliin mare godhuu dhaaf saganteeffattani magaalalee U.S.A. keessa jiran keessa bakkoota haawasni Oromoo hedduminaan qubatee jiru qaqqabuuf sochii irra jiru. Haaluma kanaan dhuma Adoolessaa keessa Kora Gudda ABO

kutaalee USA fi Kanadaa irratti miseensota fi deggertoota ABO akkasumaas Hawaasa Oromoo naannoo Atlanta, Georgia waliin erga ibsaa fi mare geggeessaniin booda gara nannawa biratti sochii godhaniin Denver, Colorado; Columbus, Ohio; Seattle, Washington; Minneapolis, Minnesota, Washington DC Metropolitan Area fi naannolee biroos akka halli hayyametti qaqqabuu dhaaf bobbaa irra jiru.

Haaluma kanaan Ummata Oromoo Minnesota fi naannawa isa jiru waliin ibsaa fi mare godhuuf sagantaan qabamee jira. Akkuma beekamu Haawaasni Oromoo Minnesota yeroo irraa yerootti Dhaaba isaa ABO bira dhaabbatuu dhaan itti fufinsaa qabsoo ABOon hoogganamuf wabii ta'u isaa mirkaneessee jira. Kanaaf jecha Konyaaleen ABO Minnesota jiran sadeen (Konyaa Oromiya-Minnesota, Konya WBO-Minnesota fi Konyaa Minnesota-Minnesota) waliin ta'uu dhaan Waltajji HDn ABO J/Dawuud Ibsaa irratti argamee Ummata Oromoof ibsa godhu qopheessani jiru. Waltajjii kana irratti ibsa, marii, yaada, gaaffii fi deebi dhimmootaa Adda Bilisumma Oromoo ilaallatan mara ballinaan geeggessuuf HDn ABO J/Dawuud Ibsaa qohii ta'ani waan dhihaataniif Haawasni keenya beellama kana ammaan itti qophaa'au dhaan akka Waltajji adda kana irratti argamtaniif kabajaa Oromummaa dhaan isin afeerra.

Guyyaa: Hagayya 29, 2009 (August 29, 2009)

Yeroo: 1:00 Wb (1:00 PM)

Bakka: South High School, 3131 19th Ave S, Minneapolis, MN 55407

P.S: Guyyaan kun Guyyaa Carraa qabeessa waan ta'eef akka isin hin dabarre.

INJIFATNOO UMMATA OROMOOF!

GADAAN GADAA BILISUMMAATI!!

Konyaalee ABO Minnesota sadden (Konya Oromiyaa, Konyaa WBO, Konyaa Minnesota)